Bibliani Ijoolee

Pasakka Qara Isaani d'uftini

Nami t'aafe: Edward Hughes

Ka choore: Janie Forest
Alastair Paterson

Ka afaani deebise: Christian Lingua Translation Agency
Christianlingua.com

Ka gadi deebise: Lyn Doerksen

Odu 54 ta 60 keessa

www.M1914.org

Bible for Children, *PO Box 3, Winnipeg, MB R3C 2G1 Canada*

Lesana: Atini d'uga odu tana irra baafatteni yokhaani gadini baafattu hinqabda ammo hingurgurini.

Borana

Nami uwwa tokko fula gara tokko ta nami itti gou ejjite, ilti isii laalala qabdu waan hamtu taate tokko laalte. Ilmi isii duutti jira. Haati sunini Mariamu, isilleni fula Yeso maskalitti fannisani eejite.

1

Tunini ch'ufti akkamini taate? Yesoni akkamini jireena isa ka akkasi mid'aagaa kara sunini hobbafata? Waaqi akkamini akka Ilma Isa maskaliti musumarani worranini achiiti duu eehe jed'a? Yesoni Eennuma Isa ta hime hinwollaale? Waaqi waan tolchu male d'ad'abe?



2



Hiyyo! Waaqi waan tahu male hind'ad'abne. Yesoni wollaala tokkolle hintolchine. Yesoni hojja ch'ufa inuma beekhe akka nami hamani isa ijeessu. Gaafuma Yesoni daimatu, jaarsi tokko ka Simeoni jed'aani akka laalali fuula isii dura jiru Mariamuutti hime.

3

Guyya takkantakke tokko ato Yeso hinijjessinu, niitini tokko d'ufte d'aada urgaa miila isaatti naatt'e. "Isini hori ballessiti," ergattuni jette dubbatte. "Isini huji dansa hojjatte," Yesoni jed'e. "Isini marro awwaala kiyaatiifi tolchite." Dubbini tuni ta mama!

4

Eegi suni, Yudani, tokko ka jara Yeso ka kud'aani lama keessa jiru akka Yeso qaallole gugurotti qarsi sodomaatti gurguratu eehe jed'e.

5

Fula Pasakka Yahudii, Yesoni golola isa ka muumme jara isa wolini sorate. Inni waan jabdu gubba Waaqatiifi Khakhu isa gara worra isa jaalatu worraatti hime. Duuba Yesoni qit'aafi budunu worrani wolini qoodate. Tunini worra qabsiifti nafafi d'iiga Yeso ka marro araarama ch'ubbutiifi nama keennani.

6

Duuba Yesoni jaallowaani Isa akka Isa gurguratani bira baqatani itti hime. "Anini himbaqaddu," Petroni jed'eeni. "Ato korni lukkuu hiniyyine, atini marro saadi na mormatta," Yesoni jed'eeni.



7

Halkanuma suni, Yesoni gara Obru Gethesemane Waaqa kad'achu d'aqe. Ergattuni Isa wolini jirtu irribi qabe. "Eeh Aabba Kiyya," Yesoni jed'e Waaqa kad'ate, "…Budununi tana na dabarsa. Tatulle, akkuma anini fed'uniti, ammo akkuma fed'i teeti."

8

Marro tokkotu duuli nama hedduu obru dude, ka Yudani dura deemu. Yesoni hindinnelle. Ammo Petroni namicha tokko gurra irra kute. Yesoni akka qabichi isa fed'i Waaqa himbeekha.



9

Duuli nama hedduu gara mina qallicha guddaa geesse. Achiitti, PetroniPetroni d'aattu ibidda worri hojjattuu ejjate dawwaate. Marro sadi nami Petro laale waan jed'eni, "Atini Yeso wolini jirta!" Marro sadi Petron mormate, akkuma Yesoni inni hintolcha jed'e. Petroni ammalle abare, khakhate.

10

QUQ-A-DUUUL-DUU



Hojjuma suni, kormi lukku d'ae. Sunini akkuma qonqo Waaqa ta gara Petro. Dubbi Yeso qabaate, Petroni onnetti ufi ejjate bohe.

11



Yudalleni waan tahe gaabbe. Inni akka Yesoni wollaala ch'ubbutifi seera ch'ap'siti hinqamne himbeekha. Yudani guma 30 ka qarsi kaani deebise ammo qallooleni irraatti didde. YUdani beesse lafatti jisse, gadi bahe – haadani ufi ijjesse.

12

Qallooleni Yeso fuula Pilato, ka gudda Rumii durani d'ufte. Pilatoni waan jed'e, "Nama kama wollaala irratti hinargu." Ammo gumini hiyyite, "Fannisa! Fannisa!"

13

Bufata irratti Pilatoni worra gula deebie, inni Yeso ijjecha itti mure. Askartini Yeso tottomoni d'aante, hanch'ufa fuula Isaatti tufte, ammalle lichoni garafte. Worri surre miid'aa ta qoraatti irreni mata isaatti kaayani. Duuba worri musumarani maskali mukhaatti woraane.

14

Yesoni hojja ch'ufa inuma beekha akka Inni kara sunini duu. Inni ammalle himbeekha akka dooti isa araarama worra ch'ubbuu worra isa abdatu taatu.

Worra seera ch'apse lama isa biraatti fafanisani. Tokko isa d'ugafate – ammalle Paradiso d'aqe. Kaani d'ibini hind'ugefanne.



15

Eegi gise gaargala, Yesoni, "Yayyu hobbate," jed'e ch'iche. Hujini isa ya hobbaate. Jallowaani isa awwaala biyya keessaatti awwaalte.

16

Askartini Rumii duchite ammalle awwaala suni tissite. Ammantana, nami tokkolleni dandae hinseenu keessa – yokhaani ala.

17

Yo tunini sial muumme odu tana taate, sila akka waan nama laalefachisani. Ammo Waaqi waan mama guddo tolche. Yesoni duisa keessatti hinhamne!

18

Gamana diraama guyya qara ka torbani, jari Yeso ka hagari d'akha awwaala irra gangalchani arge. Hojja worri keessa laale, Yesoni keessayyu hinjiru.



19

Nitini tokko hafte, afaani awwaalatti bootte. Yesoni isiitti mullaate. Isini gammadani ch'eete galte ergattu taani d'ibiitti himte. "YESONI HINJIRA! YESONI YA DUISA KEESSA GADI DEEBIE!"

20

Yesoni yoosu ergattu isaatti mullate, ammale gaddannisa isa ka musumara ka harka garsiise. Tunini d'uguma. YESONI AMMALLE HINJIRA! Inni Petro araarame ka isa mormate, ammalle jara Isaatini nama ch'ufatti hima jed'e. Duuba Inni gubbaatti fula d'ufefitti deebie.

Pasakka Qara

Odu tokko ta Dubbi Waaqa, Bibliaa,

Fula keessatti argani

Matayo 26-28, Luka 22-24,
Yohana 13-21

"Fuloni Dubbi teeti ibse keenniti."
Faaru 119:130

Waaqi akka nu waan hamtu hojjanne himbeekha, ta inni ch'ubbu jed'uuni. Gatini daba duisa.

Waaqi guddo si jaalata Inni Ilma Isa erge, akka inni Maskali irraatti due gati teenna baasu. Yeso akka jiraataa d'ufe Gubbaattiitti gale. Ammantana Waaqi dandae ch'ubbu teenna nuu araarama.

Yo atini ch'ubbu tante irra deebite, waan kana Waaqani jed'i: Waaqa kiyya, Anini hind'ugefadd'a Yesoni marro tiyyaafi due ammalle arralle hinjira. Si kad'ad'a jireenna kiyyaatti d'iadd'i ch'ubbu tiyya na araarami, akka anini jireenna haraa ammantana argadd'e, duuba haga jiru jireenna si wolini jiradd'u. Akka anini akka Ilma kankeeti si jiraadd'u na dandeessisi. Amin

Biblia soomi Waaqani wolini hasai guyya ch'ufa!